# Barruu waa’ee akkaataa talaalliin COVID-19 itti hojjetame ilaalchisee gaaffilee yeroo baayyee gaafataman

Haga ammaatti, tarii waa’ee talaallii COVID-19 waa hedduu dhaga’aa jirta ta’a. Akkaataa itti talaalliin COVID-19 itti hojjetame ilaalchisee gaaffiilee beekamoo ta’an deebisuu barbaanna.

## Attamitti talaalliin COVID-19 ariitiin hojetamuu danda’e?

Yeroo hedduu, Talaalliin utuu baayyinaan hin oomishamin dura, talaallichi kan miidhaa hin qabne ta’uusaafi dhukkuba ittisuu danda’uunsaa ballinaan qoratama. Sababa dhukkuba balaafamaa kanaa fi mootummaan federaalaa qarshii waan ramadeef, saayintistootin lachanuu walduukaa dalagan. Talaallii kanneen miidhaa hin qaqqabsiifneefi warra fayida qabeessa ta’an qofatu hojiirra oole.

## Talaalliin COVID-19 akkamitti qoratame?

Talaalliin COVID-19 martinuu yaalii kilinikaa keessa darbe. Talaalliin tokkoon tokkoon isaa yaalii tokko ol keessa darba. Jalqaba, namoota fedhii qaban lakkoobsaan muraasa ta’an irratti ilaalame, sana booda namoota dhibbaatama irraatti, dhumarrattis namoota kuma kudhaniin lakkaa’aman irratti yaalama. Namooti fedhiidhaan yaaliin kilinikaalaa kun irratti adeemsifame, namoota hawaasa garaagaraa keessaatti argamanii fi seenduubee garaagaraa qabanidha. Kun adeemsuma talaallii kanneen biroonis keessa darbanii hojetamanidha.

## Talaalliin COVID-19 akkamiin mirkanaa’e?

Talaalliin inni yaalii keessa darbuu qabu hunda keessa darbe, gurmuun ogeeyyii fayyaa bu’aa qorannoo sanaafi namooti talaallii kana fudhatan waan itti dhagahame hordofu. Talaalliichi kan fayyadduu fii miidha-maleessa yoo ta’e ni mirkaneessu. Gartuu saayintistootaa fi ogeeyyii hedduutun odeeffannoo talaalli COVID-19f walitti qambame kana xiinxalun yaada irratti kenu. Talaallii mirkanaa’e qofatu uummataaf kennama.

## Talaallii kana jalqaba eenyutu argata?

Gartuun gorsitoota biyyoolessaa kan CDC odeeffannoo jiran ilaaluudhaan eenyu jalqaba talaallii kana akka argatu yaada kennee jira. Namooti sadarkaa duraatti COVID-19f saaxilamuu malaniifi baayyee dhukkubsachu malan talaallii kana fudhachuu qabu. Menesootaa keessa gartuun talaalliin kun hunda bira ga’uusaa hordofan, akkasumas walqixaan namooti talaallii kana argachuusaanii kan faana bu’an ni jiru. Yeroo dhiheessiin talaallii kanaa dabalaa deemu namooti baayyeen fudhachuu danda’u.

Waa’ee talaallii COVID-19 odeeffannoo dabalataa argachuuf marsariitii muummee fayyaa ilaalaa.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

2/9/21 (Oromo)

*Odeeffannoo kana unka gara biraan argachuu yoo feete, bilbila kanarratti bilbili: 651-201-4989.*